

**Nageenya Afuuraafi Guddina Hawaasummaa Daa'immanii  
Gabbisuuf Gahee Maatii**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni  
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii Ittiin  
Mariisisuuf Qophaa'e**

**Bara 2012**

**Baafata**

**Mataduree**

**Fuula**

Leenjichaa Ilaalchisee Qajeelcha Waliigalaa..... 1

Balballoomsa Kaayyoowwan Leenjichaa.....

**Kutaa Tokko: Guddina Hawaasummaa Daa'immanii .....**

Daa'iimman Hawaasummaa Akkamitti Baratuu? .....

Ergaawwan Ijoo .....

Guddina Hawaasummaa Daa'immanii Gabbisuuf Maatiwwan

Maal Gochuu Danda'u.....

Ergaawwan ijoo .....

**Kutaa Lama: Nageenya Afuuraa (Miira Sammuu) Daa'immanii .....**

Ergaawwan ijoo .....

Daa'immaniifi Karaa Miirri Dheekkamsaa Ibsamu .....

Maatiwwan Dheekkamsa Daa'immanii Hirrisuuf Kanneen

Armaan Gadii Raawwachuu Qabu .....

Ijoolleen Ofitti Amanamummaafi Mataa Isaaniitiif Gatii Guddaa

Kennuu Akka Gabbifataniif Maatiwwan Maal Gochuu Danda'u? .....

## **Leenjichaa Ilaalchisee Qajeelfama Waliigalaa**

**Kaayyoo Leenjichaa:** xumura leenjichaa irratti maatiwwan/guddistoonni nageenya afuuraafi guddina hawaasummaa daa'immanii akkamitti akka gabbisan hubatu.

### **Hirmaattota Leenjichaa**

Hirmaattota leenjichaa akka ta'aniif kan eegaman barsiistota, hojjettoota dhaabbilee daa'immaniin kunuunsan keessa hojjetan. Akkasumas, maatiwwaniifi guddistootadha.

### **Marii Guyyaa Darbee Yaadachuu**

Leenjifamaan hundinuu waan guyyaa darbe barate yaadachuuf akka isa gargaaruuf jalqaba leenjiwwaniirratti hirmaattonni lama yaadawan iwoo marii guyyaa darbee akka dhiheessan gaafachuu. Fakkeenyaaaf,

1. Wantoonni guyyaa darbe irratti mari'anne maal maalfaa turan?
2. Dhimma mataduree guyyaa darbe irratti mari'anee wajjin walqabatee mana keessan keessatti ijoollota keessanii wajjin maal gootan? Rakkoon isin mudate hoo turee?
3. Barnoota guyyaa darbee olloota keessaniif qooddaniittuu?

### **Madaallii Lenjii Duraafi Leenjii Boodaa**

Kutaan leenjii tokko tokkoon isaa eegaluun dura, madaalliiin leenjii duraa hirmaattotaaf nikennama. Beekumsa leenjicha irraa argatan madaaluuf immoo madaalliiin leenjii boodaa, xumura tokko tokkoon leenjii irratti nikennama.

### **Dambiwwan Leenjii Waliigalaa**

Guyyaa jalqaba leenjichaatti dambiwwan armaan gadii hirmaattotatti beeksisu.

- Taa'umsi leenjifamtootaa bifaa geengoo walakkaatiin yoo ta'e filatamaa ta'uusaa beeksisu
- Mariisistootaafi hirmaattota walbarsiisuu
- Yerootiin argamuu
- Yeroo leenjichi kennamu bilbila harkaa (mobile phone) cufuu yookiin sagalee maleessa (silent) taasisuu
- Wayitii leenjichaa hunda irratti sa'aatiin argamuu
- Si'aayinaan hirmaachuu
- Yaada namoota biroo kabajuu
- Filannoo namoota barnoota darbe yaadachiisani: tokko tokkoon guyyaa jalqabaa irratti barnoota guyyaa darbe baratan ilaalchise hirmaattotaa yaadachiisuuuf kanneen gabaabsanii ibsan hirmaattota lama eeruu: daqiqaa 5 yeroo dhiheessaa murteessuu.
- Bakka leenjichaa sirreessuu – guyyoota jalqabaa hundarratti daqiqaa kudhaniif qindeessitooti leenjichaa bakka leenjichaa mijessu.
- To'ataa yeroo filuu

## **Meeshaalee Barbaachisan**

- Sadarkaa umrii daa'immanii tiin kanneen qophaa'an kitaabilee seenaa yookiin oduu duriifi fakkiwwan
- L.C.D Pirojekterii (Yoo danda'ame)
- Gabatee gurraacha qulqulluu/ filiip chaartii
- Maarkerii
- Qubeessaafi dabtara yaadannoo
- Barruu gaggabaaboo facaafaman

**Nageenya Afuuraafi Guddina Hawaasummaa Daa'immanii  
Gabbisuu**

Leenjiin kun nageenya afuuraafi guddinna hawaasummaa daa'immanii akkamitti guddisuu akka danda'amurratti ragaalee bu'uura ta'anfi balballooman ibsa.

### Sagantaa

<b>Qabiyyee</b>	<b>Mala Barsiisuu</b>	<b>Sa'atii</b>
<b>Madaallii leenjii duraa</b>	<b>Waraqaalee gaaffii raabsuu</b>	<b>Daqiiqaa 15</b>
<b>Kaayyoo leenjichaa</b>	<b>Dubbisuufi mari'achuu</b>	<b>Daqiiqaa 2</b>
<b>Guddina hawaasummaa daa'immanii</b>	<b>Gaaffii, deebiifi ibsa</b>	<b>Daqiiqaa 40</b>
<b>Nageenya afuuraa(miira sammuu) daa'immanii</b>	<b>Gaaffii, deebiifi ibsa</b>	<b>Daqiiqaa 40</b>
<b>Wantoota maatiwwan raawwachuu danda'an</b>	<b>Dubbisuufi mari'achuu</b>	<b>Daqiiqaa 10</b>
<b>Ergawan ijoo</b>	<b>Dubbisuufi mari'achuu</b>	<b>Daqiiqaa 10</b>
<b>Madaallii leenjii boodaa</b>	<b>Waraqaalee gaaffii raabsuu</b>	<b>Daqiiqaa 15</b>

### Balballooma Kaayyowan Leenjichaa

Xumura leenjichaarratti maatiwwan hirmaatan:

- Maalummaa guddina hawaasummaa daa'immanii nihubatu.
- Filannowwan guddina hawaasummaa daa'immanii guddisuu dandeessisan nibeeku.
- Maalummaa nageenya afuuraa (miira sammuu) daa'immaniifi karaa isaani ibsaman ni hubatu.
- Miirri sammuu ijoollee isaanii gaarii akka ta'uuf, dalagaalee raawwachuu qaban adda baasu.

### Kutaa Tokko: Guddina Hawaasummaa Daa'immanii

## Mariisisaa

Dhimmi mataduree marii guyyichaa guddina hawaasummaa daa'immanii irratti akka xiyyeffatan itti himaa. Akkasumas, sissi'eessuuf akka ta'uuf gaaffilee armaan gadii gaafadhuun.

Muuxanoo dhuunfaa isaaniifi kan namoota birooraa argan akka dubbatan jajjabeessiin.

## Gaaffiwwan Sissi'eessan

1. Daa'imman eenyuu wajjiniin ta'uu jaallatu?
  - A) Qofaa isaanii
  - B) Daa'imman biroo wajjin
  - C) Namoota gurguddoo wajjin
2. Daa'imman qofaa isaanii yookiin kanneen biroo wajjin ta'uun garaagarummaa maalii qaba?

## **Marii 1: Guddinni Hawaasummaa Daa'immanii maalidha?**

Hariiroo yookiin walitti dhufeenza daa'imman nama tokko yookiin namoota biroo wajjin qaban jirenya hawaasummaa jedhama. Daa'imman namoota biroo wajjin yeroo walquunnaman haala ta'uu maluun akkamitti akka dhihaachuu danda'an adeemsaa isaan ittiin barataniin guddina hawaasummaa jennaan. Kanas akkamitti akka raawwatan barachuu qabu. Guddinni hawaasummaa yeroo umrii kichummaa isaaniitii kaasee gabbachaa adeema. Daa'imman guddachaa yeroo deeman caalaatti hariiroo hawaasummaa akka gabbifataniifi walitti dhufeenza akka isaan uumantu eegama. Daa'imman haalli isaan itti guddataniifi hariiroo isaan namoota biroo wajjin qabaatan qaama eenyummaa isaaniiti.

## Mariisisaa

Daa'imman hawaasummaa akkamitti akka baratan gaafadhaa. Deebii isaas gabatee gurraacha irratti barreessaa.

## **Daa'imman Hawaasummaa Akkamitti Baratu?**

- Daa'imummaatti hariiroo haadha isaanii wajjin qabanirraa
- Arguudhaan/ Kanneen biroo ilaaluudhaan
  - Maatii isaaniirraa, miseensota maatiirraa
  - Kunuunsitoota isaaniirraa
  - Daa'imman birooraa

### **Mariisisaa**

Hariiroon haadhaafi mucaa gidduu jiru, jirenya hawaasummaa daa'immanii gara fuulduraatiif murteessaadha.

Maatiwwan yookiin guddistoonni ijoollee isaaniitiif jaalala kan kennaniifi sirnaan kan nyaachisan, akkasumas akka umrii isaaniitti sirnaafi haala dhaabbataa ta'een ijoollee isaaniitti jaalalaan dhihaatanii guddisan, daa'imman isaan guddisan daa'imman ofirratti amantaa qaban, kanneen birootti kan dhihaatan, nageenyi isaanii kan eegame ta'anii guddatu. Jaalala maatiitiin kanneen guddatan, jirenya hawaasummaa isaaniitiin fakkeenyi gammachiisaa kanneen argatan, hordoffii, deggersaafi gaggeessummaa sirnaawaafi itti fufinsa qabu daa'imman argatan, jalqabuma bara ijoollummaa isaaniitiin duraatti kanneen biroo kan kunuunsan, ofitti kan amananiifi salphaatti haalawwan waliin kan madaqan ta'u.

### **Mariisisaa**

Daa'imman yeroo dhalatanii kaasanii hanga umrii ijoollummaa giddugaleessaa isaaniitti namoota garaagaraa wajjiniin wal quunnamu. Maatiwwan yookiin kumuunsitoonni yeroo carraawwan garaagaraa isaan mudatu, kanneen biroo wajjiniin quunnamtii qabaniin miidhaan isaanirra yeroo ga'u, yeroo gammadan, yeroo gaddan yookiin yeroo waa raajeffatan deebii isaan kennan ilaaluudhaan daa'imman nibaratu. Suuta suutas waan ilaalan fakkeessanii raawwachuu eegaluu.

Daa'imman waa'ee addunyaay keessa jiraatanii kanneen biroo wajjinin taphachuun, kanneen biroo yeroo taphatan ilaaluuniifi hiriyoota horachuun nibaratu. Daa'imman yeroo hedduu kanneen biroo wajjiniin walquunnaman, salphaatti namootatti dhihaachuufi waliigaluu nidanda'u.

Daa'imman sadarkaalee umrii garaagaraatti, hanga wagga torba ga'anitti, naamusa garaagaraa agarsiisu. Fakkeenyaaaf: yeroo dhalootaatii kaasanii waggaan jalqabaa harki caalaan hariiroo hawaasummaa isaanii kan walitti hidhate irra jireessaan guddistoota isaanii wajjinidha. Daa'imman umriin isaanii guddachaa yeroo dhufu naannawaa isaaniitti namoota garaagaraa argatu. Kanaafuu, daa'imman barnoota maatiwwan isaaniirraa kennamuufiin, akkasumas adeemsaa yeroo keessa kanneen biroo wajjiniin yeroo ta'an muuxannoo argataniifi beekumsawwan hahaaraatiin hariiroo hawaasummaa isaanii gabbisu.

### **Hawaasummaa Daa'immaniin Barsiisuu**

- Maatiwwan guddina hawaasummaa daa'immanii gara fuulduraa murteessuuf gahee olaanaa qabu.

### **Mariisisaa**

Ijoollee mana keessatti jirenya isaanii guyyu guyyuutiif kan isaan fayyadu dandeettii hawaasummaa kanneen ta'an, kanneen akka ittigaafatamummaa qooddachuu, kanneen biroo gargaaruu, kanneen biroo wajjiniin waliin ta'uu, kanneen biroo wajjiniin yeroo waliin ta'an nageenya ofii eeggachuu barsiisuun barbaachisaadha. Yeroo baay'ee ijoolleen kana kan isaan baratan namoota gurguddoo ilaalaniti. Kanaafuu, maatiwwan daa'imman isaanii jajjabeessuu, deggeruufi hordofuu qofa osoo hintaane, fakkeenyummaan isaaniis barbaachisaadha. Daa'imman

namoota biroo wajjiniin yeroo walquunnaman, haala barbaachisaa ta'een akkamitti itti dhihaachuu akka qaban barachuu qabu. Maatiiwan yookiin kunuunsitooni carraawan garaagaraatiin yeroo nama biroo wajjiniin waliin ta'an amala isaan agarsiisan ilaaluutiin daa'imman nibaratu.

### Taphaafi Guddina Hawaasummaa

- Taphini amala daa'imman biroo beekuufi hariroo hawaasummaa gabbisuuf bu'aqabeessadha.

#### Mariisisaa

Taphini daa'imman akka amala daa'imman biroofi namoota gurguddoo beekaniif gargaara. Akka kanaan daa'imman waa'ee addunyaa keessa jiraatanii kanneen biroo wajjiniin taphachuun, kanneen biroo yeroo taphatan ilaaluuniifi hiriyoota horachuun nibaratu. Daa'imman yeroo hedduu kanneen biroo wajjiniin walquunnaman, salphaatti namootatti dhihaachuufi deebii kennuu nidanda'u.

Taphniifi hiriyummaan hariroo kanneen biroo wajjin qabaniin kennuufi fudhachuu nibarsiisa. Amalli akkasii kun daa'imman yeroo guddatan ga'eessota milkaa'oo hawaasa isaaniitiif kanneen waa gumaatan akka ta'an isaan taasisa.

#### Mariisisaa

Goolaba armaan gadii hirmaattotaaf dubbisaafii.

Daa'imman kanneen biroo wajjiniin dubbii isaan taasisan yookiin yeroo isaan dabarsan, waan isaan dubbatan yookiin sochii isaan agarsiisan namoota birootiif hiika qaba. Haaluma walfakkaatuun, namoonni biroo daa'immanitti waan isaan dubbatan, sochiitiin gochaa isaan agarsiisan yookiin yeroo isaan daa'immanii wajjin dabarsan daa'immaniif hiikaa qaba. Daa'imman kanneen biroo irratti waan argan fakkeessuudhaan gabbina guddina hawaasummaa isaaniitiif oolchu. Akka kanaan daa'imman hunda dura maatii isaanii yookiin guddistoota isaanii ilaaluudhaan dandeettii hawaasummaa (akkamittiin kanneen birootti dhihaachuu akka danda'an) nibaratu.

### Hojii Garee ( Shaakala Gochaa)

#### Mariisisaa

Hirmaataa eyyemamaa tokko seenicha akka dubbisuuf gaafadhaa

### Hojii Gareetiif Seenaa Seensaa

Ibsaa, Mootiifi Galataa

Ibsaa, Mootiifi Galataan mana barnootaa idileen duraa waliin kan baratan yemmuu ta'an, olla walii kan jiraataniifi hiriyoota daree tokkoodha. Gara mana barnootaa kan deemanifi mana barnootaatiis kan galan waliin ta'aniiti. Guyyaa tokko yeroo dabarsanii daree ga'an.

Gara daree yeroo seenanis teessowan lamaan ala teessowan jiran hundarra ijoolleen teessee turte. Ibsaan saffisaan teessoo isa tokkorra yeroo taa'u, Mootiinis ariitiin teessoo isa lammataarra taa'e. Galataan garuu teessoo hinarganne. Galataan gara Ibsaa deemuudhaan akka isaf siqu gaafate. Ibsaan garuu, "**Hinta'u, bakka biroo deemi**," jechuudhaan hiriya isaa Galataaf siqeffi teessoo isarrra teessisuuf eyyemamaa ta'uu dhiise. Galataan itti aansuudhaan gara Mootii deemee teessoo isarrra akka isa teessisu gaafate. Mootiinis fuula ifaafi gammadaadhaan, "**Ulfataa kottu waliin teenyaa, daree keessa teessoon biroo waan hin jirreef isuma kanarra waliin teenyaa**," jedheeni.

### Mariisisaa

Gaaffiwwan armaan gaditti dhihaatan hirmaattonni garee shanitti qoqqoodamanii akka irratti mari'atan taasisi. Maricha boodas, kara bakka bu'ota garee isaanii yaadawwan garee garee isaanii akka dhiheessan itti himi.

### Gaaffiwwan Marii

1. Galataan teessoo isarrra akka isa teessisu Ibsaa yeroo gaafatu, Ibsaatti waa'een mataa isaa maaltu itti dhaga'ame isiniti fakkaata?
2. Ibsaatti waa'ee Galataa maal waan itti dhaga'amu isiniti fakkaata?
3. Galataan teessoo isarrra akka isa teessisu Mootii yeroo gaafatu, Mootiin waa'ee mataa isaa maal waan yaade isiniti fakkaata?
4. Mootii n waa'ee Galataa maal waan yaadu isiniti fakkaata?
5. Ibsaan eyyemamaa ta'uu dhiisuusaatti, Galataatti maal waan itti dhaga'ame isiniti fakkaata?
6. Galataa yeroo ittaanutti Ibsaa wajjiniin yeroo walquunnamu, haala akkamii itti agarsiisuu danda'a?

### Mariisisaa

Hirmaattonni hunduu waliin akka ta'an taasisi. Barreessitoonni gareewwanii dursanii gaaffiwwan ja'an dhihaatan ilaachisee yaadawwan garee garee isaanii, tokko tokkoon isaanitiif daqiqaa 3 kennamu keessatti dursanii dhiheessuu qabu. Bakka bu'oonti garee yaada garee isaanii erga dhiheessanii booda namoonni murta'an yaadawwan dhihaatan irratti yaada isaanii akka kennaniifi gaaffii akka gaafataniif carraa kennuun barbaachisaadha.

Ergawwan ijoo dursii dubbisiitii haala dubbiste irratti hundaa'uudhaan hirmaattotaaf duubdeebii ketti. Gaaffiwwan armaan olitti kennamaniif seenicha irraa ka'uun duubdeebiwwan sirriin kanneen armaan gadii wajjiniin walfakkaachuu qabu.

1. Abarraan mirgi isaa xuqamuun akka itti dhaga'ameeffi mirga isaa kabachiisuuf akka murteesse gochaan isaa ni agarsiisa.
2. Kabbadaan qabeenya isaa (teessoo isaa) qooddachuu akka barbaadeefi miidhuuniif akka ta'e waan yaade fakkaata.
3. Hiriya isaa teessoo dhabeef, teessoo quoduufii akka qabu waan yaade fakkaata.
4. Hiriyaan koo teessoo dhabee rakkateera. Hiriyaan koo gargaarsi koo nibarbaachisani

- jedhee waan yaade fakkaata.
5. Miirri gaddaa yookiin jibbaa yookiin raajamuu waan itti dhaga'ame fakkaata.
  6. Kabbadaan mala inni mufii ittiin balleessu bare yoo waawummaa ta'e, Abarraa yeroo argu itti dallanuu yookiin jecha miira isaa miidhu itti dubbachuu yookiin loluuf qabachuunii danda'a. Kabbadaan adeemsa guddina isaa keessa mala inni mufii ittiin balleessuuf barate eeyyentaa yoo ta'e, Abarraa yeroo argu maaliif teessoo siif hinqoodu akka jedheen gaafataan yookiin gochi isaa sirrii akka hin taane itti hima.

## **Dandeettii Hariiroo Hawaasummaa Daa'immanii Umriiidhaan**

### **Mariisisaa**

Itti aansuudhaan hariiroo hawaasummaa daa'imman sadarkaalee umrii garaagaraa irratti agarsiisanii haa ilaallu. Hariiroon hawaasummaa daa'immanii kun haala fayyummaa isaaniifi akka jajjabataniif waan isaaniif taasifamu irratti hundaa'uun adda adda ta'a. kanaafuu, daa'imman tokko tokko guddina hawaasummaa saffisaa ta'e yeroo agarsiisan, tokko tokko immoo guddina suutee ta'e agarsiisu.

### **Dandeettii Hariiroo Hawaasummaa Daa'imman Sadarkaa Umrii Garaagaraarratti Agarsiisan**

#### **Daa'imman Ji'a Tokkoo**

- Ni seequ
- Ijaafi ijaan ilaaluudhaan quunnamtii taasisu
- Fuula beekan yeroo arganiifi sagalee beekan yeroo dhaga'an deebisanii ilaaluufi seequudhaan deebii kenuu

#### **Daa'imman Ji'a Lamaa**

- Namoota ija isaaniitiin hordofu
- Bifa namootaa adda nibaasu
- Sagalee beekan yeroo dhaga'an ni callisu
- Namoota birootiif ni seequ

#### **Daa'imman Ji'a Sadii**

- Seeqaafi sagaleetiif deebii sagalee ni kenuu .
- Yeroo gammadan kutaalee qaama isaanii hunda ni sochoosu.
- Sochii yookiin sagalee guddistoota isaanii hordofanii fuula isaanii ni naannessu.

#### **Daa'imman Ji'a Afurii Hanga Ji'a Ja'aatti Jiran**

- Guddistoota isaanii yeroo argan ni seequ.
- Guddistoonni isaanii yeroo xuqaniin ni gammadu.

- Namoota beekaniin yeroo argan gammachuudhaan miilla isaaniifi harka isaanii olii gadi faceasu.
- Fuula namoota beekaniifi hin beeknee adda ni baasu.
- Harma yookiin xuuxxoo yeroo hodhan gammachuu isaanii ni ibsu.
- Fuula isaanii daawwitii keessatti yeroo argan ni kolfu.
- Yeroo namoonni ilaalaniin seequudhaan sagalee dhageessisu.
- Ibsawwan fuulaa tokko tokko fakkeessuu ni yaalu.

### **Daa'imman Ji'a Torbaa Hanga Ji'a Kudha Lamaa Jiran**

- Xiyyeeffannoo namootaa argachuuf sagalee dhageessisu; jechootas dubbachuu nidanda'u.
- Harka walitti rukuchuudhaan, minjaala reebuudhaan, sagalee nagaa gaafachuu dhageessisuudhaan, kubbaadhaan ni taphatu.
- Wanta barbaadan quba isaaniitiin ni akeeku.
- Guddistoota isaanii itti dhihaatan irraa addaan ba'uu hin barbaadan.
- Wantoota yookiin namoota hin beekneen irraa ni baqatu.
- Maqaan isaanii yeroo waamamu gara namoota isaan waamanii ni ilaalu.
- Sochii yookiin sagalee yookiin jecha dhageessisan, yoo milkaa'an gochicha irra ni deebi'u.
- Sochii daa'imman biroo ni akkeessu.

### **Daa'imman Ji'a Kudha Sadii Hanga Ji'a Kudha Saddeetii Jiran**

- Guddistootni isaanii yeroo haasofsiisaniin fuula isaanii ilaalu.
- Yeroo dubbatan yookiin yeroo taphatan guddistoota isaanii ilaalu.
- Qofaa isaanii ni taphatu. Meeshaalee ittiin taphatan kanneen birootiif qooduu hin barbaadan.
- Gochawwan namoota gurguddoo fakkeenyaaaf: mana haruu, mana bisaaniin qulqulleessuu, teessoo qopheessuu, akkasumas qodaa manaa walitti qabuu akkeessanii hojjechuu yaalu.

### **Daa'imman Ji'a Kudha Saddeetii Hanga Ji'a Soddomii Ja'aa Jiran**

- ‘Galatoomaa’ jechuu, jechoota nagaa ittiin gaafataniifi kanneen biroos ni fayyadamu.
- Kanneen biroo wajjiniin dabaree eeganii taphachuu eegalu.
- Taphoota akkeessuu ni taphatu.
- Mataasaanii kanneen birooraa adda baasanii ni beeku.

### **Daa'imman Waggaas Sadii Hanga Waggaas Afurii Jiran**

- Namoota nagaa ni gaafatu.
- Wantoota maatiwwan isaanii hojjetan akkeessanii taphatu.
- Waliin dubbachuu ni jaallatu.
- Kanneen biro wajjiniin taphachuufi waliigaliun ni gammachiisaani.

### **Daa'imman Waggaas Afurii Hanga Waggaas Ja'aa Jiran**

- Maalummaa waliif qooduu hubachuufi kanneen biroo kunuunsuu eegal.
- Meeshaalee sasalphaa hordofuudhaan sirnaan taphachuu ni danda'u.
- Hiriyaal tokkoof itti dhiheenya adda ta'e agarsiisu.
- Garaagarummaa dhiiraafi durbaa hubachuudhaan taphachuu danda'u.

### **Ergawwan Ijoo**

**Mariisisaa:** Hirmaattotaaf ergawwan ijoo dubbisaafii.

- Maatiwwan yookiin kumuunsitooni mudannoowwan garaagaraatiin kanneen biroo wajjin yeroo walquunnaman ta'iinsota mudataniif ( Fakkeenyaaaf: waan gammachiisu, waan gaddisiisu, waan aarsu, waan sodaachisu yookiin waan dinqisiisu) karaa isaan deebii itti kennan hordofuudhaan, daa'imman wantooti garaagaraa yeroo isaan mudatu akkamitti deebisuu akka qaban baratu.
- Daa'imman waa'ee addunyaa keessa jiraatanii kanneen biroo wajjiniin taphachuun, kanneen biroo yeroo taphatan ilaaluuniifi hiriyoota horachuun nibaratu. Daa'imman kanneen biroo wajjin haala eeyyentaa ta'een deddeebisanii walquunnamuun salphaadhaan namootatti dhihaachuufi deebii kennuu danda'u.
- Daa'imman hiriyoota akka horataniifi isaanii wajjin akka taphataniif jajjaboeffamuu qabu.

### **Guddina Hawaasummaa Daa'immanii Guddisuuf Maatiwwan Maal Gochuu Danda'u?**

#### **Yaada Ka'umsa Marii**

Daa'imman guddina hawaasummaa isaanii akka gabbisaniif, akkasumas kanneen biroo wajjiniin walii galanii hojjechuu akka danda'aniif deggersa maatiwwanii nibarbaadu. Guddina hawaasummaa daa'immanii saffisiisuuf kanneen gargaaran tooftaaleen garaagaraa jiru. Marii kana keessatti maatiwwan tooftaalee kanneen irratti yaada waljijiiru. Mariachi hubannoo hirmaattotaa gabbisuuf carraa ni uuma.

#### **Mariisisaa**

Hirmaattotaaf, sagantaan marii guyyichaa, maatiwwan guddina hawaasummaa daa'immanii akkamitti gabbisuu akka danda'an kan hubachiisu ta'uusaa itti himi. Itti aansuudhaan, gaaffilee armaan gadii maatiwwan gaafadhu. Hirmaataan tokko gaaffii tokko qofa akka deebisu itti himuudhaan yaada ka'umsicha dubbisiif.

1. Gochawwan hiriyaal gaa'ilaa kee wajjiniin raawwattu, kan ijooleen keessan ilaalan maal maalfaatu jira?
2. Gochawwan olloota kee wajjiniin raawwattu, kan daa'imman ilaalan maal maalfaatu jira?
3. Gochawwan mucaa kee waliin mana keessaafi manaan alatti raawwattu maal maalfaatu jira?

4. Hanga yoonaatti gochawwan hirmaattotaan tarreeffaman ijoolleen keessan yeroo guddattu, ijolle birootti akkamitti dhihaachuu akka qaban barsiisuuf gumaacha nitaasisuu?

#### **Mariisisaa**

Deggersi maatiwwanii daa'imman guddina jirenya haeaasummaa isaanii akka gabbisataniifi kanneen biroo wajjiniin waliigalanii hojjechuu akka danda'aniif gumaacha nitaasisa. Daa'imni hundi sadarkaa guddina jirenya hawaasummaa walfakkaatu hinqabani. Kanaafuu, maatiwwan wantoota armaan gadii raawwachuu guddina hawaasummaa ijolle Isaanii saffisiisuuf nidanda'u.

- Maatiwwan guyuu guyyuutiin ijolle Isaanii wajjiniin hirmaannaa taasisuu akka danda'aniif yeroo ga'aa kennuu.
- Ijolleen manaafi ollaarrraa dandeettii jirenya hawaasummaa faayidaa qabu haala itti Isaan baratan uumuu.
- Ijolleen, ijolle biroo wajjiniin mudannowwan itti walquunnamaniifi walgargaaran uumuu.
- Ijolleen namoota yookiin ijolle birooraa amaloota barbaachisaa hintaane barachuu dhiisuuf Isaanii mirkaneessuu.
- Ijolleen namoota hahaaraa wajjiniin akka walbaran taasisuun guddina jirenya hawaasummaa daa'immanii saffisiisuuf nifayyada.

#### **Mariisisaa**

##### **Maatiwwan kana akka qalbiitti qabatan itti himi.**

Ijolleen akka itti dhihaataniif kan jajjabeessinuun namoota waa'ee eenyummaa Isaanii sirriitti beeknu qofa ta'uu qaba. Ijolleen namoota waa'ee eenyummaa Isaanii sirriitti hinbeeknee wajjin akka oolan jajjabeessuu hinqabnu. Sababiin Isaas, ijolle amala gadhee/badaa barsiisuuf yookiin gochaa ijolle miidhu raawwachuu danda'u.

#### **Shaakala Gochaa**

#### **Mariisisaa**

Hirmaattonni garee shanitti akka qoodaman ibsiif. Tokko tokkoon garee gaaffilee kanatti

aanee dhihaate irratti akka mari'atan taasisi. Tokko tokkoon garee mariisisaa nifilata. Tokko tokkoon garee yaada ijoo marichaa kan galmeessuufi booda gabaasa kan dhiheessu barreessaa nifilata.

### **Gaaffiwwan Qajeelchan**

**Maatiiwwan daa'imman umrii garaagaraatti argaman guddina hawaasummaa isaanii sissi'eessuuf maal maalfaa gochuu danda'u?**

- A) Daa'imman erga dhalatanii umrii torban tokkoo qabaniif
- B) Daa'imman erga dhalatanii umrii ji'a ja'aa qabaniif
- C) Daa'imman umrii wagga lamaa qabaniif
- D) Daa'imman umrii wagga torbaa qabaniif

### **Deebii Mariisisaa**

- A) Mucaa Torbanii:** fuula ijoollee fuuldura ta'uun ilaaluu, fuuldura mucaa fuula ofii gara mirgaafi bitaa, gara oliifi gara gadii taasisuudhaan mucichaa wajjiniin quunnamtii uumuu, haammachuufi urursuu yookiin weedduwwan naannawaa sanaa kanneen daa'immaniif weeddifaman biroo sagalee laafadhaan weedisuu, cimsanii osoo gadi hin qabiin sukkuumuu, mucichi deebii kan hinkennine ta'us itti dubbachuu.
- B) Mucaa Ji'a Ja'aa:** akkuma isa olii dabalataan haasofsiisuu, mallattoo harkaatiin nagaa yeroo jedhaniin seeqa agarsiisuu, misireessuu, dhungachuu.
- C) Ijoollee Umrii Wagga Lamaa:** akkuma isa olii dabalataan nagaa yeroo jedhaniin harka qabuu, akka jaallannuun, kan keenya akka ta'e ibsuu, waa'ee garaagarummaa dhiiraafi durbaa barsiisuu ( dhiirri hareeda qaba, durbi hareeda hinqabdu; durbi wandaboo uffattii, dhiirri wandaboo hin uffatu; harmeen dubartiidha, abbaan dhiira; obboleettiin kee durba, obboleessi kee dhiira.) maatiwwan hundi akka jaallataniin, hirmaanna maatii ajajawan sasalphaatiin shaakalsiisuu.(Fakkeenyaaf: sahaanii kana harmeetti kenni, siinii sana fidi, k.k.f.) Yeroo nyaataatti isaan waliin akka taa'uu taasisuu. Maatiwwan jaalalaan yeroo mari'atan mucaan isaan bira ta'uun akka taphatu jajjabeessuu. Mucaa ijaaf ijatti eegaanii mooraa keessa yookiin naannawaa manaa daa'imman biroo wajjin akka taphatu taasisuu.
- D) Mucaa Wagga Torabaa:** qaban mataa isaa/qaban mataa ishee akka aadaan sun saala sanaaf eyyemutti kan raawwataa jiru/raawwataa jirtu ta'uusaa mirkaneessuu/sirreessuu, maatiifi miseensota maatii wajjiniin mariirratti hirmaachuu isaanii mirkaneessuu, jaalalaan haammachu, maatii keessatti itti gaafatamummaa isaanii akka ba'aniif guyyaa barnoonni hinjirre hojiwwan sasalphaa ittigaafatamummaan kennuufii (Fakkeenyaaf: siree hafuu, mana haruu, sahaanii dhiquu, miseensonni maatii warri gurguddaa yeroo uffata miiccan kaalsii yookaan mutaantaa isaa/ishee akka miiccumiicciitu ajajuu, k.k.f.) obboleessa yookiin obbpleettii wajjiniin walitti dhiheenyi jiraachuu mirkaneessuu, hojii waliinii kennuufii, naannawaa qe'ee olloota jiran akka beekan taasisuu, olla ergamanii akka deebi'an barsiisuu, hiriyya ofii kan ta'e akka qabaatu/ qabaattu haalawwan mijeessuufii, fedhiifi yaada bilisaan ibsachuu shaakalsiisuu, kanneen biroo kabajuu, dabaree eggachuu, yeroo namoonnii

gurguddoo mari'atan yaada kennuu yoo barbaade/ barbaadde eyyema akka gaafatu/ gaafattu shaakalsiisuu, warreen quxusuudhaaf kunuunsa taasisuu shaakalsiisuu, kanneen biroo wajjiniin waliigaltee dhabuun yoo jiraate gara lolaatti akka hin galle shaakalsiisuu.

## Ergawwan Ijoo

### Mariisisaa

Ergawwan ijoo dubbisaafii

- Guyyu guyyuun ijoollee keessan wajjiniin walquunnamuun waan tokko gochuuf yeroo gahaa akka qabdan mirkaneessaa.
- Naannawaa mana keessaniifi olla keessaniitti ijoolleen dandeettii jirenya hawaasummaa faayida qabeessa ta'e hariiroo isaan itti baratan akka jiraatu taasisaa. Fakkeenyaaaf: ollaa wajjiniin waliin ta'uudhaan hojii naannawaa qe'ee isaanii qulqulleessuu irratti bobba'uufi ijoolleen akka ilaalanifi marii isaanii akka dhaggeeffatan taasisuu.
- Ijoolleen keessan ijoollee biroo wajjiniin carrawwan itti walquunnamaniifi walgargaaran uumuu.
- Ijoolleen keessan ijollee yookiin namoota biroo irraa amaloota barbaachisoo hintaane barachuu dhiisuu isaanii mirkaneessaa. Kanaafis, amala ijolleefi namoota gurguddoo ijollee keessan wajjiniin walquunnaman hordofuufi ilaaluun barbaachisaadha.
- Maatiwwan yookiin miseensonni maatii bakka argamanitti ijoolleen keessan namoota hah'aaraa wajjiniin akka wal baran taasisaa.
- Maatiin ilaalaafi hordofaa ijoolleen akka ijollee gurguddoo wajjiniin walbaran taasisuu.
- Ijoolleen qaana'an/salfatan wanta barbaadan akka ibsatan gargaaranii. Fakkeenyaaaf: wantoota isaan jajjabeessu garaagaraa kennuufiidhaan yaada isaanii akka ibsatan carraa gahaa kenuufii.
- Ijoolleen keessan ijollee biroo wajjiniin haala gaariidhaan yeroo taphatan, "Har'a hiriya kee wajjiniin osoo wal hinloliin taphachuu keetiin baayyee gammadeen jira," jechuudhaan miira keessan ibsaafi.
- Ijoolleen keessan naannawaa garaagaraarraa ragaaleen wal faallessan akka isaan hin geenyef, yeroo yerootti kanneen ijollee keessanii wajjin dhiheenyaan walquunnaman barsiistota, kunuunsitootaafi ijollee keessan warra gurguddoo irraa ragaalee walitti qabadhaa, yaadas waljijiiraa.
- Ijoolleen waan isaanirraa eegamu osoo hin hojjetiin yoo dhiisan rukuchuu, qimmiiduufi kabaluurra jaalalaan gorsa cimaa ta'e kennuu, adabbii qaamaarra mala balleessaa ittiin sirreessaniifi qajeelfama itti fufiinsa qabu fayyadamuun filatamaadha.

### **Kutaa Lama:**

**Nageenya Afuuraa(Miira Sammuu) Daa'imanii Gabbisuu**

**Haala Afuuraa (Miira Sammuu) Daa'imanii Hubachuu**

### **Hiikaa:**

Afuura (miira sammuu) jechuun qaamolee miira keenyaa shananiin yookiin dandeettii yaadachuu keenyaan fayyadamnee keessoo keenyaafi addunyaa alaarraa hubannoo waa'ee keenyaafi kanneen biroo erga qabannee booda, hiika hubannoo sanaaf kennine irratti hundaa'uun haala afuura/ miira sammuu keenya keessatti uumnudha.

Haalli afuuraa yookiin miirri sammuu kun gammachuu, gadda, aarii, dheekkamsa, sodaafi k.k.f. ta'uu danda'a.

Daa'iman miira sammuu isaanii kan ibsan karaa walfakkaatuun miti. Daa'iman miira isaanii kan guddisan karaa garaagaraafi saffisa mataa isaaniitiini. Daa'iman haala miira isaanii itti ibsatani kan baratan haalawan keessoo isaanii/ afuura isaanii keessatti miirawan gammachiisiifi hingammachiisne (namatti tolaniifi namatti hintolle) irraa ka'uudhaan nasiibaan, qajeelfama maatiwwan isaaniirraa kennamuufiin; akkasumas, maatiwwan isaanii /ijoollee waliin guddatan/ ilaaluun yeroo ta'u, dabalataanis barsiistotaafi namoota itti dhiheenya qaban biroo wajjiniin hariiroo qabaniin waa'ee miira sammuu isaanii itti ibsataniifi waa'ee deebii kennanii caalaatti nibaratu.

### **Mariisisaa**

**Miira sammuun daa'imanii itti ibsam** hubachuun barbaachisaa ta'uusaa dubbatamuu qaba. “**Ijoolleen waayyuu hin beekani**”; akkasumas, “**Miira hinqabani**” yaadni jedhu dogoggora ta'uusaa ibsamuu qabu. Daa'iman akkuma namoota gurguddoo wantoota itti himnuufi wantoota goonuufiif yookiin wantoota dubbataniifi wantoota taasisaniif miira sammuu isaanii keessatt kalaqan qau. Miirawan sammuu tasgabbiifi gammachuu daa'iman kallattii hundaan akka baratan gargaara. Karaa biraatiin, daa'iman miirawan soda, dheekkamsaafi gaddaa sammuu isaanii keessa daddeebi'u, mana isaaniifi manaan alatti akka barbaadamutti barachuun isaan rakkisa. Kanaafuu, maatiwwan daa'imanin gargaaruuf miirawan sammuun ijoollee ittiin ibsam an beekuun barbaachisaadha. Daa'iman waa'ee isaaniifi waa'ee kanneen biroo miira sammuu gaarii akka gabbisaniif maatiwwan miira isaanii hubatanii akka gargaaraniin ni barbaadu. Miira sammuu daa'imanii hubachuun kanneen dandeessisan karaaleen garaagaraa jiru. Mariin guyyaa har'aa dandeettii kana gabbisuuf gargaara.

### **Daa'iman Miira Isaanii Ibsuu Eessaa Baratu?**

- **Uumamaan/ Nasiibaan**
- **Ilaaluun barachuu**
  - Maatii isaaniirraa

- Daa'imman birooraa
- Akkuma aadaa aadaasaatti qajeelfama kennamuufirraa

### **Mariisisa**

Daa'imman suuta suuta waa'ee wanta naannawaa isaaniitti isaan mudtuu, karaa uumama mataa isaaniitiin miira isaanii ni ibsu.

Maatiin isaanii yeroo aaran/ dheekkaman, yeroo gammadan, yeroo gaddan yookiin yeroo raajaman akkamitti miira isaanii akka ibsan ilaaluun nibaratu.

Daa'imman addunyaa jiraatan keessatti daa'imman biroo wajjin taphachuudhaan, hiriyoota horachuudhaan; akkasumas, kanneen biroo yeroo taphatan ilaaluudhaan akkamitti walitti dhihaachuuvi waliigaluu akka danda'an nibaratu.

Daa'imman ijoollee gurguddoofi ijoollee gita isaanii ta'anii wajjin yeroo walquunnaman waa'ee miira isaaniifi waa'ee deebii kennanii caalaatti nibaratu.

Haaluma walfakkaatuunis, waa'ee miiraafi deebii kanneen biroo nibaratu. Dhiibbaa muuxannowwan kanneenii irraa kan ka'es, daa'imman kunneen adeemsa yeroo keessa akkaataa miira isaanii itti ibsat an sirreessuu yookiin jijiiruu nidanda'u.

Dabalataanis, ijoolleen akkamitti miira sammuu akka itti ibsuu qaban yookiin ibsuu hinqabne maatiwwan akka aadaa aadaasaatti qajeelfama nikennu.

### **Daa'imman Miira Isaanii Akkamitti Ibsu?**

Daa'imman hubannoofi ibsa miiraa irratti dandeettii garaagaraa qabu. Daa'imman miira isaanii kan guddisan karaa garaagaraafi saffisa mataa isaaniitiini.

### **Mariisisa**

Daa'imman umrii murtaa'e keessatti wantoota miirri ittiin ibsaman kanneen murta'an akka agarsiisan ni eegamu. Barsiifataan akka argamutti, daa'imman baay'een wayita ijoollummaan duraa keessa darban wantoota miira ittiin ibsat, kanneen walfakkaataa ta'an armaan gadii agarsiisuu nidanda'u. Wagga torbaan booda garuu, daa'imman harki caalaan wantoota miira isaanii ittiin ibsat kan mataa mataa isaanii nigabbifatu. Wantoota miira ittiin ibsat kanneenis, dhiibbaan mudannoowwan xinsammuu, qaamaa yookiin hawaasummaa, irradeddeebiin yeroo dheeraaf yoo isaan mudate malee hin jijiirani. Akkaataa ibsa miiraa daa'immanii, kanneen armaan gaditti tarreffaman dubbisiiif.

### **Miira Daa'immanii Umriidhaan**

#### **Ji'a Tokkoo Hanga Ji'a Sadiitti**

- Xuxxuqqaa qaamaafi dadammaqina nijaallatu.
- Yeroo sossobaniin nitasgabbaa'u.
- Waan itti hintolle yookiin dhukkubbiin yeroo isaanitti dhaga'amu niboo'u.
- Quba abbuudduu isaanii hodhuudhaan callisuu nidanda'u.
- Naannawaa xumura ji'ota kanaatti namoonni biroo yoo haamataniin hinboo'ani.
- Naannawaa xumura ji'ota kanaatti bifti fuula isaanii miira isaanii calaqqisiisa.

#### **Ji'a Afuri Hanga Ji'a Ja'aatti**

- xiyyeffannoo maatiwwanii argachuuf niboo'u.
- Sagalee beekan yeroo dhaga'an boo'uu nidhaabu.
- Kunuunsituu isaanii wajjiniin taphachuun isaan gammachiisa. Amanamummaa gabbisuudhaaf walquunnamtii ijiaafi xuxxuqamuu nibarbaadu.
- Miirawan sodaa, dhekkamsaafi jibbaa agarsiisuu nidanda'u.
- Kunuunsaan isaanii wanta isaan hinbarbaanne yeroo taasisu deebii nikennu. Fakkeenyaaaf: nyaati osoo isaan hin barbaachisin yeroo nyaachisuuffiin jedhu wixxfachuun yookiin nyaaticha ofirraa dhiibuun deebisu.
- Namoonni isaan hinbeekne qabuunii yeroo barbaadan, kunuunsaan isaaniirratti maxxanu.

### **Naannawaa Xumura Ji'oota Kanaatti**

- Miirawan garaagaraa sagalee isaaniitiin ni ibsu. Fakkeenyaaaf: yeroo gammadan kan gammachuu ta'uusaa bifa agarsiisun ni iyyu. Yeroo aaran yookiin yeroo sodaatan fuula dhekkamsaa agarsiisu; niboo'u.
- Erga aaranii booda cal jechuu eegaluu.
- Kunuunsaan isaanii yeroo haammatuun, yeroo weeddisuuffiif yeroo dubbisuuf fuula gammachuu agarsiisu.

### **Ji'a Torbaa Hanga Ji'a Sagaliitti**

- Maatii isaaniirraa yeroo adda ba'an haala sodaa agarsiisu.
- Wantoota haharaa fakkeenyaaaf: namoota, meeshaaleefi bakkawan yeroo argan sodaachuu nidanda'u.
- Iyya cimaa yeroo dhaga'an nisodaatu yookiin nidheekkamu.

### **Ji'a Kudhanii Hanga Ji'a Kudha Lamaatti**

- Miirawan gammachuu, aarii, sodaafi kanneen kana fakkaatan hedduu agarsiisu.
- Kunuunsitoota isaaniirraa kunuunsa argachuu barbaadu. Fakkeenyaaaf: haammatamuu nibarbaadu.
- Fedhii isaanii yookiin diddaa isaanii mallattowwan fuula isaanii garaagaraatiin agarsiisun, gochaafi sagaleetiin ni ibsu.

### **Ji'a Kudha Sadii Hanga Ji'a Kudha Saddeetiitti**

- Namootaaf, bineeldotaafi meeshaalee taphaatiif jaalala ni agarsiisu.
- Jajjabeeffamuufi qajeelfama kunuunsitoota isaaniitiin miirri sammuu akkamitti gochaafi jechaan akka ibsamu hubachuu eegaluu.
- Wantoota haharaa argachuufi yaaluuf kan isaan jajjabeessuufi nageenyi akka isaanitti dhaga'amu kan hordofuun nama guddaa yeroo argatan immoo wantoota laphee guutuudhaan kan yaalan ta'u.
- Miirawan sammuu garaagaraa harka caalu gochaafi darbee darbee immoo jechaan; akkasumas, miira sammuu kanneen biroorratti argan hubachuu nidanda'u.

### **Ji'a Kudha Saddeeti Hanga Ji'a Soddomii Ja'aatti**

- Sochii isaaniif mirkanoeffannaafi galata nibarbaadu.
- Hammatamuufi intalshee yookiin horgoggee (doll) jaallataniif miira jaalalaa/gammachuu niqabu.
- Miira isaanii jechootaan ni ibsu. Wayita taphaas miira fakkeessanii taphachuu ni eegalu. Fakkeenyaaf: akka nama aareetti nifikkeessu.
- Yeroo baay'ee karaa mataa isaanii deemuu barbaadu. Kana yeroo dhorkamanis, yeroosuma fuula mufannaa agarsiisu.

### **Ji'a Soddomii Ja'aa Hanga Ji'a Afurtamii Saddeetiitti**

- Miira sammuu isaanii jechootaan ni ibsu.
- Miira kanneen biroofi yaada isaan kennan caalaatti hubachuu nidanda'u.
- Miirawan garaagaraa fakkeenyaaf: inaaffaa, dinqisiifannaa, sodaa, gammachuu, aariifi kanneen kana fakkaatan nishaakalu.
- Kunuunsitoota itti dhihaataniin daangaafi sirreffama naamusaa irra kaa'amanitti aaruufi boo'uu nidhiisu.

### **Ji'a Afurtamii Saddeetii Hanga Ji'a Torbaatamii Lamaatti**

- Waa'ee mataa isaanii tilmaama eyyentaafi miira gaarii niqabaatu. Miira hojii hojjetanitti boonuunis itti dhaga'ama.
- Yeroo baay'ee maatiwwan isaaniitiif ni ajajamu.
- Soda malee yookaan hordoffii kanneen biroo osoo hingaafatiin, qofaa isaanii xiyyeffannoontasgabba'anii hojjechuu nidanda'u.
- Yeroo dheeraaf dalagaa rakkisaa ta'erratti, abdii osoo hinkutiin xiyyeffachuu nidanda'u.
- Wantoota isaan baran dursamee osoo itti hinhimaniin yoo jijjirame ni aaru.
- Fedhii isaanii ta'uu baatus, tasgabbiidhaan qajeelfamoota nikabaju.

### **Ergawwan Ijoo**

- Maatiwwan yookiin kunuunsitoonni daa'imman miira sammuu isaanii akka ibsanifi jajjabeessuu qabu. Fakkeenyaaf: ijoolleen keessan yoo isin gammachiisan, "**Baay'ee isinitti gammadeera! Isin hoo gammaddaniittuu?**" jechuudhaan miira isaanii jechaan akka ibsan haa taasifamu.
- Maatiwwan yookiin kunuunsitoonni miira sammuu daa'immanii beekuufi gargaaruu qabu.
- Haala miira daa'immanii ilaaluufi hubachuun barbaachisaadha. Daa'imman guyyootaaf yookiin torbeewwaniif miira gaarii (tasgabbii yookiin miira gammachuu daa'imaan barbaachisaa ta'e) keessa yoo hintaane, rakkoo keessa ta'uu isaanii hubachuun deggersi taasifamuuffi qaba.

### **Nageenya Afuuraa (Miira Sammuu) Daa'immanii Akkamitti Gabbisuun Danda'ama?**

- Miirawan gammachuu, gaddaa, jaalalaa, aarii, sodaafi kanneen kana fakkaatan kan ibsamani aadaa hawaasa keessa jiraanu irratti hunda'uudhaani. Miirri kun kan gabbatu

adeemsa yerootiin maatiirraa, mana barnootaarraa, naannawaafi hiriyootarrraa muuxannoofi barumsa argamuunidha.

- Daa'imman miira isaanii bifa fudhatama qabuun akkamitti ibsuu akka qaban barachuu qabu. Daa'imman maatiwwan isaanii yeroo raawwatan waan arganiin, hiriyoota isaanii wajjiniin yeroo taphatan waan hubataniifi akka raawwataniif waan itti himamu irratti hundaa'uudhaan, bifa fudhatama qabuun miira isaanii nigabbisu.
- Daa'imman miira sammuu tasgabba'aa akka gabbifataniif, ga'umsa ofitti amanamummaa akka guddifataniif ofisaaniif kabaja akka kennaniif maatiiwwaniin yookiin guddistootaan gargaarsi taasifamuufii qaba.

### **Shaakala Gochaa**

#### **Mariisisaa**

Hirmaattota keessaa nama eyyemamaa ta'e tokko gaafachuudhaan seenaa Ahimediifi harmee isaa akka dubbisuufiif taasisi. Hirmaattota garee shaniitti quoduudhaan seenicha irratti mari'ataniifi gaaffiwwan marichaaf dhihaataniif deebii kennanii erga xumuranii booda, karaa bakka bu'oota isaanii akka dhiheessanis ibsiifi.

#### **Seenaa:**

#### **Ahimediifi Harmeesaa**

Aadde Samiiraan mucaa daa'ima Ahimed jedhamu, kan umriin isaa waggaa lamaafi ji'a ja'a ta'e qabu. Aadde Samiiraan mucaan isaanii Ahimed mana keessa asiifi achi yeroo burraaqua seeqanii ilaaluuni. Ahimedis isaanii wajjin niseeqa. Aadde Samiiraan yeroo hunda Ahimediin, "**Mucaa koo, qaxalee ilmaa!**" jechuudhaan miirri gaarii akka itti dhaga'amu taasisu. Ahimed wanta dalaguu barbaadu raawwachuu yeroo barbaadu, harmeen isaa yeroo hunda, "**Ishoo! Goota koo! Ati maal dadhabda! Siif waan hundi salphaadha!**" jechuudhaan jajjabeessuun. Kanarrraa kan ka'es, Ahimed guyyu guyyuun wantoota haharaa hojjechuu barbaada. Wanta haaraa yeroo hojjetu ariitiin gara harmeesaa deemuudhaan waan haaraa hojjete sana itti hima. Harmeen isaas akkuma barame jaalalaan simataniinii adda isaarra dhungatuun. Ahimedis wanta biroo hojjetee harmeesaa gammachiisuf gara dalagaa birootti saffisaan adeema.

## Gaaffiwwan Mariif Dhihaatan

1. Ahimed haala harmeen isaa itti agarsiisaniin maal kan itti dhaga'amu sinitti fakkaata?
2. Aadde Samiiraan haala isaan Ahimeditti agarsiisan barbaachisaadhaa? Yookiinis balleessanii jiru? Maaliif?
3. Isin osoo bakka Aadde Samiiraan taatanii ijoolee keessaniif maal gootu turtan? Ijoolee keessaniif waanuma walfakkaatu taasistuuuf turtanii? Yookiinis waan adda ta'e? Maaliff? Aadde Samiiraan obboleettii Ahimed ishee lakkusaatiif wanta walfakkaataa osoo taasisanii guddina mucayyootiif gumaacha gaarii niqabaataa? Yookiinis miidhaa irraan geessisaa? Maaliif?
4. Akka ilaalcha keessaniitti naannawaa keessanii, maatiwwan guddina miira sammuu ijoolee keessaniitif gumaacha gaarii taasisan akka fakkeenyatti eeuu nidandeessuu?
5. Akka ilaalcha keessaniitti naannawaa keessanii, maatiwwan guddina miira ijoolee keessaniitif gumaacha waawummaa taasisan akka fakkeenyatti eeuu nidandeessuu?

## Gabaasa Garee Wajjiniin Dhaggeeffachuufi Mari'achuu

### Mariisisaa

Itti aansuun, hirmaattonni hundi wajjiniin akka ta'an taasisi. Barreessitoonni garee hundi dursanii gaaffiwwan dhihaatan ilaachisee yaada gareesaanii daqiqaa sadi, sadii keessatti dhiheessuu qabu. Yaadni garee tokkoo erga dhihaatee booda, hirmaattota keessaa namni tokko waan dhihaate irratti yaada isaa akka kennuufi gaaffii akka gaafatu carraa kennuun barbaachisaadha.

### Mariisisaa

Waa'ee gabaasa dhihaateefi waa'ee yaadawwan yookiin gaaffiwwan hirmaatota irraa dhihaatan irratti, mariisiaan duubdeebii kennuutu irraa eegama. Duubdeebiwwan hirmaatotaaf kennaman ragaa haala mijessitootaaf kennamee wajjin walsimachuu qaba.

## Ergawwan Ijoo

- Maatiwwan yookiin kunuunsitooni, daa'imman miira sammuu isaanii haala barbaachisun, bifa mataasaniis ta'e kanneen biroo hinmiinen akka ibsan jajjabeessuu qabu.
- Maatiwwan yookiin kunuunsitooni, daa'imman miira sammuu isaanii akka beekaniifi mataasanii to'achuu akka danda'aniif gargaaruunii qabu.
- Guddinni miira sammuu daa'immanii walfakkaataa miti. Kanaafuu, obsaan jajjabeessuufi shakalsiisuu barbaachisa.
- Taphini, daa'imman miira sammuu isaaniifi kan daa'imman biroo akka hubataniif gargaara.
- Taphini daa'imman hiriyoota isaaniifi maatiisanii wajjiniin taasisan, fayyummaa miira sammuu daa'immaniitiif gahee murteessaa taphata. Haata'u malee, namoonni gurguddoo itti gaafatatumummaan itti dhaga'amu dhiheenyaa hordoffii taasisuu qabu.

## Daa'immaniifi Miira Dheekkamsi Ittiin Ibsamu

Ijollees ta'e namooti gurguddoo yeroo dheekkamaniifi mufatan miira isaanii ibsachuun waan barbaachisaa ta'edha. Mufachuufi aaruun amala namootaati. Nama kamirrattuu darbee darbee mul'achuu danda'a. kanaafuu, aariin darbee ijollee irrattis nimul'ata.

Daa'imman wantoota tokko tokko argachuu yookiin raawwachuu yeroo dhorkaman maatiwwan yookiin guddistoota dheekkamsaan yeroo morkataniin nimul'ata. Fakkeenyaa: hanga lafarratti of darbatanii dhidhiitttaniifi gangalatanii iyyuutti ga'u. Kana immoo, waan barbaadan argachuuf yookiin raawwachiifachuuf itti fayyadamu.

Daa'imman xixiqqoo, umriin ji'a 12 hanga ji'a 36 jiranirratti adeemsa guddinaa keessa kan mul'atu amala fayyalessadha.

Daa'imman miira isaanii jechootaan ibsachuun kan hindaneenyne waan ta'aniif, maatiwwan daa'imman kunneen akka tasgaba'an gargaaruu qabu.

## Maatiwwan Dheekkamsa Daa'immaniif Hir'isuuf Kanneen Armaan Gadii Taasisuu Qabu

- Of isaanii tasgabbeessuu
- Sodaadhaan jeeqamuun dhiisuu
- Ijolleerratti iyyuu dhiisuu
- Adabbii qaamaatiin dhaabsisuu yaaluu dhiisuu
- Akka callisaniif matta'aa yookiin waan ittiin gowwomsan kennuu dhiisuu
- Daa'imman mataasanii yookiin daa'imman biro akka hinmiine ofeeggannoo taasisuu, daa'imman waggaalamaa ol ta'aniif amalli isaanii

Jeeqamuufi iyyuun maatii rakkoo daa'imichaa ittuu caalsisuu danda'a. Itti aansuun maatiin kan godhuu qabu daa'imman haala akkasii keessa jiran akka ofi hinmiine bakka isaan jiran wantoota miidhan irraa walaba taasisuun nageenya mucichaa mirkaneessuu. Akkasuma, qabeenya irratii miidhaan akka hin geenye ofeeggannoo fudhachuu qabu. Akka kanaan maatiin tasgabba'ee haala inni taasisu kun daa'imman akka tasgabba'aniif gargaara. Sababnisaas, maatiwwan yookiin guddistootni bakka tasgabba'anii dhiheenyaa jiranitti, daa'imman miira isaanii to'achuuf ni salphataafi.

kun barbaachisaa akka hintaane tasgabbiin ibsuufiifi waan barbaadan ta'uuf osoo hin dheekkamiin gaafachuun filannoo barbaachisaa akka ta'e tasgabbiin itti himuu.

Mucichi waan lafatti of darbatee dhidhiittateefi osoo addaan hinkutiin boo'eef waan taasifamuu hinqabne taasisuun rakkinihi akka itti fufuuf carraa bana. Waan taasifamuu hinqabne maaliif akka taasifamuu hinqabne daa'imichaaf tasgabbiin deddeebisnee ibsuufii qabna malee, osoo addaan hinkutiin iyyuu mucichaa dhaabsisuuf jennee waan taasifamuu hinqabne gonkumaa taasisuun hinqabnu. Haalawwan kun jijiirama fiduu yoo didan ogeessa fayyaa sammuu mariisisuun barbaachisaadha.

### **Haalawwan Armaan Gadii Yoo Jiraatan Ogeessa Fayyaa Mariisisaa**

- Deddeebi'ee kan uumamu yoo ta'e
- Karaa miirisaa itti ibsamu mataasaafis ta'e kanneen biroof miidhaa qaamaa/miiraa dabalataa kan geessisu yoo ta'e.
- Hariiraa hawaasummaa mucaa yookiin maatii irratti mudaa kan uumu yoo ta'edha.

#### **Mariisisaa**

Hirmaattotaaf dhugaa mirkana'e armaan gadii ibsiif.

Daa'imman ibsawan miiraa nagaqabeessa ta'e ilaaluun akka baraniif maatiwwan fakkeenya ta'uudhaan waan itti aaran, waan itti mufatan yookiin wanta barbaadan iftoominaan, garuu tasgabbiifi kanneen biroo kabajuudhaan ibsuu yookiin gaafachu; akkasumas, mormuu akka danda'an osoo hin nuffiin itti agarsiisuufi ibsuufii qabu.

### **Nageenya Miira Sammuu Daa'immanii Akkamitti Gabbisuun Danda'ama**

- Daa'imman miira isaanii hubachuufi gabbisuuf namoota naannawaa isaanii jiranii wajjin hariiroo isaan qaban murteessaadha.

Ijoolleen miira maatiwwan/ guddistoota isaanii yookiin kunuunsitoota isaanii ilaaluun amaloota isaanii nifudhatu. Maatiwwan yookiin kunuunsitoota isaanii caalaatti akka baraniifi kanneen biroo wajjiniin waliigalanii jiraachuu akka danda'aniif kanneen armaan gadii taasisuun nidanda'u.

- Daa'imman maatiwwaniin yookiin kunuunsitoota ilaaluudhaan fakkeessuu waan barbaadaniif, maatiwwan yookiin kunuunsitoota isaanii caalaatti akka baraniifi kanneen biroo wajjiniin

qabani irratti ibsawan miiraa gadhee/badaa agarsiisuu dhiisuu isaanii mirkaneessuu qabu.

- Daa'imman miirawan gammachuu, gaddaa, aarii yookiin sodaa haalawan barbaachisaa ta'aniin akka calaqqisiisaniif itti agarsiisuufi itti himuun barbaachisaadha.
- Daa'imman waa'ee addunyaa isaanii ragaa funaanuufi barachuu kan itti danda'an naannawaa fayyalessa ta'e uumuun barbaachisaadha. Kanaafuu, ijoolleen jirenya hawaasummaa jalqabumarraa akka shaakalaniif haalawan mijessuu. Kun yoo ta'u, ijoolleen waa'ee miirawan sammuu isaanii caalaatti hubannoo argatu; dandeettiis nigabbifatu.
- Daa'imman wanta raawwachuu qabaniifi raawwachuu hinqabne kan agarsiisu dambiifi qajeelfama sababa qabeessa ta'e, sababasaa waliin kaa'uudhaan daa'imman wantoota yeroo dhorkaman yookiin wanta barbaadan yeroo dhowwataman nageenyi akka itti dhaga'amu taasisuu.
- Daa'imman akka barbaachisummaa isaatti murtoo mataa isaanii akka murteessaniif, fakkeenyaaaf: wayyaa uffatan akka filataniif carraan kennamuuffi qaba. Akkasumas, jirenya isaanii keessatti wanta isaan barbaachisu adeemsa yerootiin murteessuu akka shaakalaniif itti gaafatamummaa garaagaraa kennuufiin barbaachisaadha. Kun yeroo ta'u, miirri ofitti amanamummaafi gammachuu keessa isaaniitti uumamu caalaatti miira ittigaafatamummaa isaanitti uuma.
- Daa'imman akka hinburjaajofneef yookiin akka bitaa itti hingalleef yeroo hunda danbiawan hinjijijiramneefi sasalphoo ta'an qopheessuu barbaachisa.

### Mariisisaa

Maatiawan yookiin kunuunsitooni yeroo daa'imman amala barbaachisaa ta'e agarsiisan galateeffachuunii qabu. Ijoolleen wantoota tokko tokko milkaa'inaan yeroo raawwatan maatiawan/ guddistoonni isaanii akka itti boonan beekuu qabu. Maatiawan yookiin kunuunsitooni yeroo itti dhihaatan, yeroo kolfaniifi yeroo harka walitti rukutaniif ijoollee isaaniitiif dinqisiifanna akka qabaniifi akka isaaniin boonan yeroo itti agarsiisan ijoolleen nigammadu; maatiis gammachiisuuf qophaa'oo ta'u. Ofitti dhiheessuufi dinqisiifachuun kunis, amala gaarii daa'imichi agarsiiseen ta'usaa yeroo hunda mucicha yaadachiisuun barbaachisaadha.

**Ijoolleen Ofitti Amanamummaafi Ofiisaaniif Gatii Guddaa Kennuu Akka Gabbifatan Gochuuf Maatiawan Maal Gochuu Danda'u?**

## Mariisisaa

Maatiwwan yookiin kunuunsitoonni ijoolleen ofitti amanamummaafi ofii isaniidhaaf haala barbaachisuun gatti guddaa kennuu akka gabbifatan gargaaruudhaan tasgabbii miiraa akka qabaatan taasisuu nidanda'u. Itti fufuudhaan, malawwan, ijoollee isaaniitti ofitti amanamummaafi afuura isaaniitti gaariin akka dhaga'amu taasisuuf maatiwwan yookiin kunuunsitoota kanneen gargaaran armaan gaditti tarreffamaniiru.

- Maatiwwan yookiin kunuunsitoonni daa'imman yeroo idilee ta'e soorataaf, irribaaf, taphaafi kanneen kana fakkaataniif qabaachuu isaanii mirkaneessuu qabu.
- Maatiwwan yookiin kunuunsitoonni daa'imman kan mataa isaanii ittiin gammachiisaniifi ittii taphatan yeroo gaha ta'eefi mudannowwan gaggaarii qabaachuu isaanii mirkaneessuu qabu.
- Maatiwwan yookiin kunuunsitoonni daa'imman ijoollummaa isaaniirraa kaasanii umrii isaanii wajjiniin kan wal gitu itti gaafatatummaan garaagaraa kennamuufii barbaachisa. Daa'imman sadarkaa umrii isaaniitiin akka raawwataniif dalagaa gaafataman yeroo yaalaniifi yeroo hojjetaan, "Ishoo mucaa koo! Gaarii yaalteetta! Mucaa koo baay'ee gaarii!" jechuudhaan galateeffamuu qabu. Kunis, ofitti amanamummaa akka gabbifataniif isaan gargaara.
- Miseensonni maatii warren gurguddoo dhimmoota garaagaraarratti walii walii isaanii wajjin marii yeroo taasisan karaa isaan aarii/ dheekkamsa, sodaa, mufachuu ittiin ibsan haala tasgabbii qabuufi osoo walin hinjeeqin ta'uusaa; akkasumas, amala walloluutiin akka hin taane mirkaneessuu qabu.